# Xiinxala Ergaa Afwalaloo geerarsa Siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa: Geerarsa Daboo Ija Yaadiddama Haalawaatiin

Dajanee Galataa[1], Taaddasee Jaallataa [2], Guddataa Abdiisaa[3]
[1]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaatti Kaadhimamaa (PhD) E-mail: dararaabera@gmail.com,
[2]Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa
E-mail: tadesse.jaleta@aau.edu.et,
[3]Yuunivarsiitii Wallaggaa Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa E-mail: gudataabetu@ymail.com

**Abstract**

*The objective of this research is to analyze the major themes embedded in Oromo political war songs (Geerarsa) of the Jawwi Macha Oromo. The research focused on the objective since the culture of warsongGeerarsa) is diminishing while the knowledge embedded in it is profound that needs to be elevated and preserved through written form. The research employed qualitative methodology with descriptive analysis approach. The research used primary source of data collected from thirteen men and two women; a total of fifteen people from Adi Leqa Tullu Cali kebele in Jimma Ganati district, Horo Guduru Wollega Zone. Data are collected through interview, observation and focus group discussion. The interviewees were selected purposively from the area; while informants were selected using snowball sampling. Several findings were reached by analysing collected data. The first among them shows the Jawwi Macha Oromo, during the time they were administrated by the Gadaa system, possessed strong unity and power leading them to victory over external enemies/attacks. It also shows even after the Gadaa system weakened, they were ruled by kings originating from within the Jawwi lineage, lacking a collective goal, they lost the unity and strength they once had and they were defeated by Takle Hayimanot of Gojjam through deception. Because, Jaawwii kings who had power fought wars to expand their territorial administration, while those who lacked power fought to defend their territories. From the analysis Takile Haaymaanot, the king of Gojjam, repeatedly fought with Abiishee and was defeated; then, by allying with weaker Jaawwii kings such as Qadida Wannabe and Sorii Gala, he deceived the heroes of Jawwi using peaceful names and thus defeated Abishee Garba. This analysis concludes the tradition of elders' mediation (jaarsummaa) is originally for resolving disputes and problems within Oromo society not with outsiders/enemies. Furthermore, after eliminating the Jawwi kings, Takile Haaymaanot distributed the land of the Jawwi forefathers to his followers as 'siisoo' (gifts/rewards) and consolidated his power. Later on the Jaawwii people fought and reclaimed their land from outsiders during the Derg regime. In the current administration, the farmers' land is being taken under the name of "Investment" by the wealthy, and while the name has changed, it is understood as that of the land-grabbers, and such practices must stop. In addition, the analysis of the research data demonstrates that the Jawwii Macha Oromo express strong aspirations and demands for national self-determination, self-governance of their homeland, access to modern education, ownership and control over their land and resources, and the desire to live in peace and stability*

*Key Words:* Thematic Analysis, Oromo Political War Song, Jawwi Macha of Oromo, Contextual Theory

**Axeeraraa**

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa afwalaloo geerarsa siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa xiinxaluudha. Kaayyoo kana irratti kan xiyyeeffatameef aadaan geerarsaa hafaafi badaa waan jiruuf beekumsa achi keessa jiru qorachuun barreeffamaan olkaa'uufidha. Gosti qorannoo kanaa akkamtaa yoo ta'u, saxaxni isaa ibsaadha. Maddi raagaalee qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa yoo ta'u,*

*iddattoowwan Godina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Jimmaa Gannatii ganda Adii Leeqaa Tulluu Caalii irraa dhiirota kudha sadiifi dubartoota lama_waligala namoota kudha shan irraa walitti qabame. Iddattoowwan bakkaa mala akkayoon kan filataman yoo ta'u; raghimtoonni ammoo mala darba dabarsoon filataman. Raghimtoota kanneen irraa ragaalee mala daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannootti dhimma bahuun funaaname. Ragaaleen guuraman kunniin yaadiddama haalawaa bu'uura taasifachuun mala ibsaatiin xiinxalaman. Ragaalee xiinxalaman irraa argannoowwan qorannichaa bira gahaman nijiru. Isaan keessaa kan jalqabaa Oromoon Jaawwii Maccaa wayita sirna Gadaan bulu tokkummaafi humna jabaa akka qabuufi lola alarraa itti dhufu injifataa akka ture agarsiisa. Sirni Gadaa erga laafees mootota ilmaan Jaawwii keessaa dhalataniin bulaa akka tureefi gowwoomfamuun kan injifataman ta'uusaa agarsiisa. Mootonni Jaawwii kunniin kan humna qaban daangaa bulchiinsa isaanii babal'ifachuuf; kanneen humna hinqabne daangaa isaanii tikfachuuf wal waraanaa akka turanis ragaaleen qorannichaa ni agarsiisa. Takile Haaymaanot, mootiin Goojjam kan Abiishee waliin wal waraanee deddeebi'ee injifatames kana hubachuun mootota humna hinqabne keessaa Qadiidaa Wannabeefi Soorii Galaa michoonfachuun Abiishee Garbaafi gootota Jaawwii maqaa araaraan gowwoomsuun akka injifate ragaalee qorannichaa xiinxalamerraa hubachuun danda'ameera. Kunimmoo aadaan jaarsummaan waldhabdee hiikuu rakkoo garee hawaasa Oromoo gidduutti uumame hiikuuf malee, alagaa waliin gumaafi jaarsummaan araaramuun duudhaa hawaasa Oromoo ganamaa akka hintaane xiinxala geggeeffameen bira gahameera. Akkasumas,Takile Haaymaanot erga mootota Jaawwii dhabamsiisee lafa ilmaan Jaawwii abbootii lafaaf qooduun 'siisoo' gabbarsiisaa akka ture; ilmaan Jaawwii qabsoo taasisuun lafa isaanii bara bulchiinsa Dargii alagaa irraa akka deeffataniifi bara bulchiinsa ammaa kana keessa, lafti qote bulaa maqaa, 'Investimantii' jedhuun abbootii qabeenyaan fudhatamaa jiraachuufi gochi kun maqaa jijjiirrate malee gocha abbaa lafaa waliin tokko ta'uufi gochi kun dhaabbachuu akka qabutu xiinxala kanarraa hubatamee jira. Kana malees, Oromoon Jawwii Maccaa gaaffii, hawwiifi fedhii biyya ofii walaboomsuu, qe'ee isaa bulfachuu, barnoota ammayyaa barachuu, lafaafi qabeenya isaarratti abbaa ta'uun nagaafi tasgabbiin jiraachuu akka barbaadu ragaalee qorannoo kanaa xiincxalame irraa hubachuun danda'ameera.*

*Jechoota Ijoo: ergaa, geerarsa Oromoo, Jaawwii Maccaa, Yaadiddama haalawaa*

**Seensa**

Fookilooriin umrii dheeraa qabaatus moggaasa maqaa 'Folklore' jedhu bara 1846 namicha 'William John Thoms' jedhamuun argate. Jechi kun jechoota lama 'folk' garee hawaasa baadiyyaa, qotebulaa barnoota amayyaa hinqabne kan karaa adda addaa walitti dhufaniifi akkaataa jireenyaan wal fakkaatan yoo ta'u, 'lore' ammoo amantaalee hawaasa durii, durduriifi duudhaalee garee wal fakkaataa akka bakka bu'u (Claus fi Korom, 1991) ibsanii jiru. Fooklooriin waa'e ummataati; waa'e aartii ummata sanaati; akkataa inni waa itti baratu; sonaalee, duudhaalee, akkaataa hawaasichi itti yaadu, raawwatuufi beekumsa itti horatu hunda of keessatti hamamta. Kanaaf fooklooriin eenyummaa keenyaafi akkaataa adunyaa naannoo keenya jiruuf hiika itti kenninu hubachuuf gargaara (Sims fi Stephens, 2005:2) jedhu.

Maalummaa Fookiloorii caalaa gooroo inni ofjalatti hammatu irratti kan xiyyeeffatu, Dorson (1972) Fookiloorii akkaataa dhiyaannaa isaa irratti hundaa'ee bakka gurguddaa afur_meeshaalee aadaa kanneen ijaan argamaniifi harkaan qaqqabaman, duudhaalee hawaasaa, aartii sochii qaamaa kan gochaafi raawwiin darbaniifi ogafaan kanneen himamsa afaaniin daddarban hammata jechuun gooroo afuritti qoode. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa geerarsa, geerarsi ammoo gooroo arfan fookiloorii kana jalaa

ogafaan jalatti ramadama. Okpewho (1992) akka ibsettis, ogafaan gooroowwan garaagaraa kanneen akka hibboowwanii, taphootaa, sirbootaa, mammaaksotaa, faaruuwwanii, seeneffamootaafi kanneen biroo kan ofjalatti haammatudha.

Dhalli namaa osoo akka hammaa kana aadaa barreeffaman yaada isaa olkaawwachuu hin eegaliin aadaa, safuu, haala jireenya isaa walii gala afaaniin olkuusee waliif dabarsaa ture. Andrezejewski (1985) ogafaan beekumsaafi barnoota qabatamaa kan qabu ta'ee seenaafi beekumsa hawaasa waliigalaa kan hammatedha. Beekumsi hawaasni tokko yeroo adda addaatti kuufate kunimmoo seenaafi eenyummaa hawaasichaa hubachuuf faayidaa olaanaa qaba yaada jedhu qaba. Yaada olii kana Sumner (1996), ogafaan dhimmoota hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti keessa lufe walii dabarsuu irratti maloota adda addaatti dhimma bahuun dabarsa. Kunis isa seeneffamu seenessuun, isa sochii gocha barbaadu sochiidhaan agarsiisaa ittiin walbarsiisaafi walirraas akka baratu addeessa. Har'as yoo ta'e addunyaan kun hundinuu barreeffamatti fayyadamaa jiru jechuun rakkisaadha. Keessattuu biyyoota akka Afrikaa yoo fudhanne har'a illee gaheen afaaniin waa waliif dabarsuuf cimaadha.

Kanamalees, Ogafaan kuusaa beekkumsaa, muuxannoofi mudannoo dhala namaa afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti dabarsuudha. Qabiyyeewwan ogafaan keessatti dhiyaatan gamisni tokko afaaniin yemmuu dabru, gamisni bifa gochaan daddarba. Karaa biraatiin yeroo tokko tokko ammoo, afaaniifi gochaan walfaana dhihaachuu danda'a. Haala kanaan ogafaan hojii kalaqaa sammuu hawaasaa afaaniifi gochaan labataa labatatti daddarbaa dhufeedha jechuu dandeenya. Hayyootni akka Finnegan (1970), Dorson (1972)fi Bukenya (1994) ammoo, uunkaa isaa caalaa haala ogafaan ittiin darbu irratti xiyyeeffachuun, ogafaan hojii kalaqaa aadaa hawaasaa haala miidhaagina qabuun afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha jedhu. Akka hayyoota kanaatti, ogafaan ogbarruu irraa adda baasuuf afaanitti haa xiyyeeffatan malee kanneen gocha barbaadanis akka jiran irraanfatamuu hinqabu. Ogafaaniifi gooroowwan isaa kanneen akka geerarsaa, hibboo, mammaaksa, durdurii, qoosaa, sirboota, hurursa daa'immanii, faaruu loonii, mirrisaafi dhaaduu hawaasa Oromoo biratti baay'ee beekamoodha. Waraqaan qorannoo kunis damee ogafaanii keessaa geerarsa irratti kan xiyyeeffatudha.

Geerarsi gooroo afoolaa keessaa tokko ta'ee afwalaloo dheeraa dhimmoota hawaasummaa adda addaa addeessuufi eenyummaa dagatame yaadachiisuuf humna guddaa qabudha. Yadaa kana Addisuun (1990) Oromoon dhiibbaa sayaasaa bulchitoonni habashaa hawaasicha irraan ga'an, saamicha lafaa, hacuccaa afaaniifi aadaa isaarra ga'e geerarsaan ibsachaa, diddaa isaa dhageessisaa ture. Akkasumas Oromoon Maccaa geerarsa gargaaramee akka wal dammaqsaa tureefi jiru; kanaaf geerarsi oguma akka mallattoo diddaa garbummaatti akka tajaajilu ibseera. Isheeteen (2008) geerarsi Oromoo jiruufi jireenya hawaasni kaleessa dabarse galmeessee akka olkaa'u (Fakkeenyaa, Calii Calanqoo, Aanolee), jireenya har'a

jiraatuufi jireenya gara fuulduraatti jiraachuuf fedhu akka ittiin ibsatu addeesse. Asafaa (2015) hawaasni Oromoo Salaaalee afwalaloo fayyadamuun hacuuccaa bulchitoonni habashaa yeroo adda addaatti ummata Oromoo irraan ga'aniifi diddaa ittiin ibsachuuf akka gargaaraman agarsiise. Cerulli (1922) fi Cerulli (1923) Oromoon Maccaa sirbaaan dhiibbaa Moototni Habashaa ummata Maccaa irraan ga'aa turan akka iittin ibsataa ture addeesseera. Haata'u malee qorannoon afoola irratti gegeggeeffamee muraasa. Ummattoota Afrikaa kessatti afoolli bakka guddaa qaba; garuu qorannoon gama kanaan godhame baay'ee muraasadha. Afoola Afirikaa irratti qorannoon hayyoota muraasaan yeroo dhihoo keessa geggeeffamuu eegaluyyuu akka bal'ina ardichaafi kuufama beekumsa guddaa of keessaa qabuutti afoola Afirkaaf xiyyeeffannoon hinkennamne. Haguma qorannoon afoolaa Afirikaa eegaleyyuu Afirkaan Bahaa xiyyeeffannnoo hinaraganne. Afoola Oromoo irratti ammoo akka Afirkaa mitii akka biyyaattuu qorannoon geggeeffame muraasa(Finnegan 2012) akka ta'e ibsitii. Kanaaf qaawwa kana guutuuf geerarsa Oromoo irratti qorannoo geggeessuun barbaachisaa (Asafa Tefera, 2015) akka ta'e ibseera. Qorannoowwan geerarsa irratti hojjetamanis ergaa geerarsa siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa irratti kan hojjetame hin argine. Geerarsa Jaawwii Maccaa irrartti akkan xiyyeeffadhu kan na taasise ammoo qorannoon kun qorannoo sanyabsaa waan ta'eef ragaaleen yoomessa uumamaa keessaatti funaanamuu qabu. Geerarsi ammoo bakkoota hedduutti hafaafi badaa waan jiruuf geerarsa yoomessa uumamaa keessatti geeraramu argachuun ulfaataa ture. Oromoo Jaawwii Maccaa biratti garuu geerarsi bakka daboo boqqolloo cabsaafi midhaan haamuutti, bakka cidhaafi mana ijaarsaatti akkuma durii geeraramaa jira. Kanaafuu, qorannoon kun qaawwa kanneen bu'uura godhachuun, 'Ergaa afwalaloo geerarsa siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa' irratti geggeeffame jechuudha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa afwalaloo geerarsa siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa yaadiddama haalawaatti fayyadamuun qorachuu yoo ta'u; kaayyoon gooree immoo, sababoota kufaatii Mootota Jaawwii Maccaafi barnoota achirraa argamu, gaaffiifi fedhii Siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa xiinxaluudha.

## Mala Qorannichaa

Barruun kun afwalaloo ergaa geerarsa siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa qorachuu irratti xiyyeefata. Kanaafuu qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaa keessaa sanyabsa sakattaa (ethnographic survey) jalatti ramadama. Beekduubeen qorannoo qorataan qorannoo kana keessatti geggeessuuf fayyadame beekduubee xiinhiikkaa (interpretivism) ti. Akka beekduubee kanaatti beekumsi muuxanoofi mudannoo hawaasni ijaarratu ta'ee namoota adda addaan haala adda addaan hubatamuu danda'a yaada jedhu qabu. Kunis namootni adunyaa keessa jiraataniifi naannoo isaanii akkaataa itti ilaalan, ibsaniifi hiika itti kennan ijaarratanii waan qabaniif, qorataan dhimmoota kanaaf xiyyeeffannoo kennuu qaba ilaalcha jedhu qabu. Kana malees, qorataan dhimma qoratu sana keessaa ofbaasuu hindanda'u (Mack, L, 2010)

yaada jedhu dhiyeessu. Qorannoon kunis mata duree xiinxala ergaa afwalaloo geerarsaa siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa irratti geggeeffame. Kunis beekumsa geerarsa Oromoo kana keessatti hawaasni sun kuufate qorachuudha. Kanaafuu beekduubeen beekumsa hawaasaa ijaarame kana qorachuuf gargaaru beekduubee hiinhiikkaati. Kun ammoo tokkoffaa gosti beekumsaa geerarsa Oromoo Maccaa keessaa jiru kan hawaasichi muuxannoofi hubannoo, aadaafi seenaa isaa irraa ka'ee ijaarratee dhimmoota adda addaa oolchu waan ta'eef beekduubee xiinhiikaa kana jalatti hammatama. Lammaffaan qorataan ragaalee geerarsaa kana yoo xiinxalu miiraafi muuxannoo qabu fayyadamuun qaaccessiifi xiinxalli ragaalee geggeeffame.

Akkasumas, ragaalee qorannoo kanaa guuruufi xiinxaluuf yaadiddama halawaa(Contextual Theory)tti dhimma kan ba'ame yoo ta'u yaadiddichi makaa yaadiddamoota adda addaati. Yaadiddamni kun qorattoota xiinqooqaarraa yaadrimee amala dubbii, warra antiroopoloojii irraa yaadrimee faayidaa afoolaa; soosholoojiirraa yaadrimee qooda fudhachuufi warra xiinsammuurraa ammoo tooftaa anummaa (ego mechanism) fudhachuun yaaadiddama ijaaramedha. Akka yaadiddama kanaatti qorannoon afoolaa haala afoolli sun keessatti hojiirra oolu, ijaarsa qorqalbii hirmaattotaa, dhiibbaa haalli naannoofi aadaan hawaasaa amala namaa irraan ga'u hubannoofi miira namaa irratti qaban xiyyeeffachuun qoratamuu akka qabu akeeku.

Kana malees, yaadiddamni haalawaa yoomessa, hariiroo hirmaattotaafi akkaataatti afoolli sun itti hurruubameef bakka guddaa kenna.`Xiyyeeffannoon yaadiddama kanaa hafee(text) caalaa yoomessa hurruubummaan keessa raawwate xiinxala (Dorson, 1972). Yaada kana (Finnegan (2012) afoolli afaaniin dhiyaatee gochaan qabatamummaan isaa mirkana'aa jechuun dhugoomsiti. Akka yaadiddama kanaatti ragaaleen mala qorannoo qulqulleeffataan xiinxalamu. Kunis hafee afoolaa tokko seenaafi aadaa hawaasichaa, haala hurruubaafi dhaggeeffattootaa walitti qindeessuun waan barbaachisuuf mala qulqulleeffataan xiinxalama.

Kanaafuu, yaadiddamni haalawaa kun qorannoo kana keessatti beekumsa Oromoon Maccaa geerarsa keessatti kuufate, dhimmoota siyaasaa ilaachisee jiran qorachuufi hidhata geerarsi siyaasaa sun seenaa, aadaafi yaadannoo waloo hawaasichaa waliin qabu adda baafachuuf dhimma itti ba'ameera. Dabalataanis, yaadiddama haalawaa kana fayyadamuun dhimmootni siyaasaa geerarsaan akkamiin akka ibsame, hawaasichi yaadannoowwan kaleessaa, haala bulchiinsa har'aafi egeree isaa ilaalchisee maal akka jedheefi maaliif akka jedhe xiinxaluuf hojiirra oole.

Ragaaleen qorannoo kanaa Goodina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Jimmaa Gannatii ganda Adii Leeqaa Tulluu Caalii irraa funaanaman. Bakkootni kunniin mala akkayyootti (purposive sampling) dhimma ba'amuun filataman. Sababiin isaa, sakatta'a gara iddoo qorannoo kanaatti osoo hindeemiin qorataan taasiseen iddoowwan kunneen geerarsa yoomessa dhugaa keessatti geeraramuufi duudhaalee Oromoo ganamaa itti argaman waan ta'eefidha. Kunis, qorannoon kun gosa qorannoo sanyabsaa waan ta'eef, geerarsa yoomessa dhugaa keessatti geeraramu argachuu waan feesisuufidha. Wolcott (1999) beekumsi qorannoo sanyabsaa muuxannoo gareen hawaasaa tokko qabu waan ta'eef; dawwannaa, marii garee xiyyeeffannoofi afgaaffiin mijataa akka ta'e ibseera. Kanarraa ka'uun Ragaaleen qorannoo kanaa malleen dawwannaa, afgaaffiifi marii gareen waan funaanamaniif madda ragaalee qorannoo kanaa madda ragaalee 1ffaa irraa walitti qabaman. Maddeen kunis dawwannaa hirmaachisaa tokko, marii garee xiyyeeffannoo lamaafi afgaaffii caaseffamoon namoota kudha shan irraa ragaaleen qorannnoo kanaa funaanaman. Ragaaleen fudhatamanis, qajeelfamoota ragaalee barreeffamatti jijjiiruu (Peter Bartis 2002) addeessee bu'uureffachuun barreeffamatti erga jijjiiramanii booda mala qorannoo akkamtaa ibsaatti dhimma ba'amuun xiinxalaman. Sababiin isaa ragaaleen geerarsaa bifa afwalaloon waan jiraniif jechaan safaruufi xiinxaluuf mijatoo waan ta'eefidha.

**Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee**

Kaayyoon qorannoo kanaa ergaa afwalaloo geerarsa siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa xiinxaluudha. Oromoon Jaawwii Maccaa bara bulchiinsa sirna Gadaan bulaa ture irraa eegalee hanga ammaa sirnaafi bulchiimsa adda addaa bulfameera. Bulchitoota yeroo adda addaa ummata kana bulchan ilaalchisee yaadaafi yaadannoo waloo (comman memory) addaa addaa qaba. Yaadaafi yaadannoo kaleessaa, haala amma keessa jiruufi egeree isaa ilaalchisees geerarsaan yaada isaa ibsata. Kanaafuu as jalatti, ragaalee geerarsaa dhimmoota siyaasaafi bulchiinsota yeroo adda addaa ilmaan Jaawwii bulchan waliin hidhata qaban qofaatu xiinxalame.

**Injifatamuu Moototа Jaawwii**

Oromoon Jaawwii Maccaa hanga dhuma Jaarraa 19ffaatti ofiin of bulchaa ture. Ilmaan Jaawwii bara ofiin of bulchaa turan kana bara bal'oofi qananii; bara bulchiinsaa achi as jiran ammoo bara roorroofi gadadoo akka ta'eetti ilaala. Kanafuu erga hacuuccaa alagaa jalatti kufee jireenya akkamii akka jiraatu, xiiqiifi gaabbii itti dhaga'amu geerarsaan akkanaan ibsata:

Akkamiin akkas taanee?  
Goommanaafi raafuu taanee;  
Dhala abbaan raatuu taane kaa;

Hunduu nutti xaphattee;
Muka nuugii taane kaa;
Hunduu nu bobeeffattee;
Dhala luujii taane kaa;
Hunduu nu odeeffattee.

Geerarsa asii olii kana keessatti geeraraan haalli Oromoon Jaawwii Maccaa yeroo amma keessa jiru haala hawaasni sun duraan jiraataa turee gad ta'uufi haala kana keessatti akkamiin akka kufan "Akkamiin akkas taane" jechuun jamaa isa dhaggeeffatu gaafata. Kunimmoo Jaawwii Maccaa haala jiruufi jireenya rakkisaa keessa jiraachuusaa kan agarsiisudha. Haalli jireenya ummatichaa maal akka fakkaatu, geeraraan bo'oo 2ffaa irratti "Goommanaaf raafuu taanee" jechuun jireenya ummataa Jaawwii Maccaa kana raafuu waliin walfakkeessee ibse. Kunis , raafuun akka biqiloota biroo jabina waan hinqabneef, namni meeshaa qara qabu kan akka qottoofi haamtuu malee harkumaan salphaatti cabsachuu danda'a. Oromoo Jaawwii Maccaas akkuma raafuu mootota Habashaa hundaaf laafaa ta'uun sirni dhufee darbu hundaan cabuu isaa agarsiisa. Ilmaan Jaawwii kan duraan lolaafi jabinaan beekaman har'a akkamiin akka raafuu abbaan arge meeshaa malee ummata kana cabsa? jechuun haalli hawaasichi keessa jiru eenyummaa isaanii akka hin ibsine addeessa. Kunimmoo seenaafi eenyummaa hawasichaa isa kaleessaa barsiisuun dhalootatti onnee hora. Kana malees, raafuun hawaasa Oromoo Maccaa biratti soorata hiyyeessaati. Nyaata hiyyeessaa waan ta'eef sooratni kun hawaasa keessatti tuffatamaadha. Oromoon Jaawwii Maccaas erga guyyaa Abiisheen infatamee akkuma raafuu kana kabaja dhabuufi tuffatamuu isaa agarsiisa.

Bo'oon 3ffaa irratti, "Dhala abbaan raatuu taaneekaa, hunduu nutti xaphattee" kan jedhu keessatti raatuu jechuun gowwaa, raata'aa, jaanja'aa jechuudha. Hawaasa Oromoo Jaawwii Maccaa biratti abbaan ilma isaa irraa roorroo dhorka. Nama abbaan isaa jabina hinqabne hormatu itti roorrisa. Geeraraan kunis Oromoon Jaawwii Maccaa akkuma ilma abbaan isaa raatuu kabajaafi ulfina akka dhabe ibse. Kunis erga Abiishee Garbaa mootii Taakle Haayimaanotiin dhabmsiifamee Oromoon Jaaawwii Maccaa hoogganaa jabaa hinqabu yaada jedhu qaba. Ummatni kun hoogganaa jabaa waan dhabeef ummatni jabaan kun laafe yaada jedhu qaba. Ilmaan laafuun kun ammoo bara dhufee darbu mootonni habashaa ummata kana cunqursuu ibsuuf 'hunduu nutti taphattekaa' yaada jedhu kaasa. 'Hunduu kan jedhu mootota Itoophiyaafi caasaa isaanii yeroo adda addaa biyya kana bulchaa turan kan agarsiisu yoo ta'u; martinuu Oromoo Jaawwiii Maccaa irratti akka roorrisaa turaniifi rakkoo siyaas dinagdee hawaasicha irraan ga'an agarsiisa. Kunimmoo Oromoon Jaawwii Maccaa hoogganaa jabaa dhabuu irraa kan ka'e jaarraa 19ffaa hanga ammaa loote galtoonni Goojjam laga Abbayaa ce'anii lubbuu namaafi horiirra

miidhaa guddaa qaqqabsiisaa akka jiranis ragaaleen afgaaffiin (mudde, 2013) argame ni dhugoomsa. Kanaafuu, geerarsi kun rakkoon bulchiinsaa gaariifi hoogganaa jabaa dhabuu har'as rakkoo Oromoo Jaawwii Maccaa ta'uu agarsiisa.

Geerarsa kana keessatti, "Muka nuugii taanekaa, hunduu nu bobeettee" kan jedhu nuugiin gosa midhaanii gurguramanii galii argamsiisan keessaa tokko ta'ee; hundeen isaa akka muka boqqolloo laaafaafi keessi isaas banaa waan ta'eef salpaatti boba'uun beekama. Kanarraa kan ka'e mukti nuugii mukeen salphaatti hinbobaane kaanis ittiin bobeeffachuuf yookiin ibidda ittiin qabsiisuuf nitajaajila. Geeraraan kunis akkuma namni muka nuugii bobbeeffachuuf barbaadu; mootonni Itoophiyaa hawaasa Jaawwii Maccaa qabeenya isaa kan akka albuudaa, oomisha midhaanii (saalixii, nuugii, boqqolloo), horii gaanfaa (sa'aa, hoolaa, re'ee) humna ibsaa (fincaa'aa) fayyadamuuf malee kabajaafi jaalala akka hinqabne agarsiisa. Kunis sirni bulchiinsaa dhufee darbu martuu Oromoo Jaawwii Maccaa irraa fayyadamuu malee; hawaasichi bu'uuraalee misoomaafi dhaabbilee tajaajila hawaasaa kennan kan isa madaalu akka hin argatiin agarsiisa. Fincaa'aan bakki argama humna ibsaa Itoophiyaafi bakka argama waarshaa Sukkaaraa Finca'aa taate hanga ragaaleen qorannoo kanaa guuramettu daandii ispaaltii hinqabdu. Sukkaarri waarshaa sukkaaraa Fincaa'aa oomishamu hawaasa naannoo sanaaf hinraabsamu. Sukkaarri waarshaan kun oomishu Finfinneetti fe'amee daldaltootaan bitamee deebi'ee hawaasa naannoo sanaa dhaqqaba. Humni ibsaas osoo achii madduu magaalonni naannoo sanaafi hawaasni baadiyyaa guutuun qoraan mukaa bobeeffatu. Kanarraa kan ka'e, ummatni Jaawwii Maccaa moototni Itoophiyaa qabeenya keenya malee nuun nun barbaadan ilaalcha jedhu horatanii jiru.

Geerarsa kana keessatti sararoonni dhumaa lamaan, "Dhala luujii taanekaa, hunduu odeeffattee" kan jedhus ergaama sararoota asii olitti xiinxalleen walfakakatu qaba. Luujiin gosa midhaanii jaalatamtuu taatee salphaatti kan hin argamnedha. Gosti midhaanii kun kan barbaadamtu garuu nyaatamuufi. Oromoonis akkuma luujii kana sabni Itoophiyaa maraa isa barbaada; kan barbaadu garuu itti fayyadamuuf malee Oromoo fayyaduuf miti ergaa jedhu qaba. Kanaafuu Oromoon Jaawwii Maccaa lafa gabbataa qabaachuun, qabeenya horii kan akka sa'aa, re'ee, hoolaa, albduudaafi qabeenya uumamaa biroon badhaatuu ta'uun kallattii adda addaan diina akka isatti horeefi hawaasichi osoo qabeenya kana hunda qabuu jireenya isa hinmadadaalle akka jiraatuuf sababa ta'uu isanii agarsiisa. Weenniifi qeerramsi gogaa isaaniif akkuma adamsamanii ajjeeffaman qabeenyi Oromoo Oromootti diina bituu isaa agarsiisa. Osoo qabeenya qabuu jireenya gad aanaa jiraachuu isaaa geerarsaan akkanaan ibse.

Akkam taanee akkas taanee?[1]

Moofa uffattuu taanee;

Doofaa of gattuu taanee;
Fayyaa dhukubsatu taanee;
Beekaa wallaalaa taanee; [5]
Otoo qabnuu deegaa taanee;
Akkam goonee taanuree?
Kam goorree jalaa baanuree?

Geerarsa kana keessatti (bo'oon 2-6) ilmaan Jaawwii Maccaa erga mirga hiree ofii ofiin murteeffachuu dhabanii jireenya isaan hinmadaalle akka jiraatan tarreesse. Kanneen keessaa bo'oon 2ffaa siyaasni sirnichaa Oromoon moofaa uffattuu akka taaasise ibsa. Moofaa uffattuu ta'e jechuun hawaasichi Oromoon huccuu dhumee ciccite moofaa akka uffatu taasisuu isaa mul'isa. Moofaan uffata hiyyeessaati. Kanaafuu moofaan mallattoo hiyyummaafi gadadooti. Geerarsa kana keessatti 'moofaa uffattuu taane' kan jedhu keessatti jechi 'taane' jedhu moofaa kan uffachiise qaama biraa jiraachuu agarsiisa. Qaamni ilmaan Jawwii moofaa uffachiise sirna habashaa humnaan isaan cabse akka ta'e agarsiisa. Kunimmoo Oromoon dur jireenya qananii jiraachaa akka tureefi erga bulchiinsa habashaa jala galee qabeenya duraan qabu (lafaafi horii) dhabee hiyyoomee moofaa ciccitaa akka uffateefi moofaa uffachuun kun sirna bulchiinsaan yeroo booda kan itti dhufe ta'uu isaa agarsiisa. Moofaa uffachuun ammoo mallattoo namoota sadarkaa jireenyaa gadaanaa jiraataniiti.

Oromoon Maccaa qabeenya loon, buna, boqolloo, xaafii, nuugiifi saalixii oomishee ofirra darbee dinagdee biyyaattiif gumaacha guddaa qaba. Haata'u malee erga olaantummaan siyaasaa dhabee qabeenya isaa kana hunda alagaatu saama malee ofii abbaa itti ta'uu akka hindandeenye agarsiisa. Osoo kana hunda qabuu deegee waan nyaatu dhabe. Jireenya gadadoo jiraachuuf dirqame. Kunimmoo siyaasaan injifatamuun hiyyummaaf sababa guddaa akka ta'e agarsiisa. Kanaaf akka hawaasaatti kabajamuuf, hiyyummaa keessaa ba'uufi jiruu qananii kaleessaa sanatti deebi'uuf furtuu siyaasa waan ta'eef olaantummaa siyaasaa sirraa fudhatame deeffadhu ergaa jedhu qaba jechuudha.

Geeraraan kun bo'oon 3ffaa irratti "Doofa of gattuu taanee" jechuun dur doofaa akka hinturreefi amma doofaa ta'uu isaa ibse. Jechi 'doofaa' jedhu wallaalaa waan hamaafi gaarii adda hinfoone, gowwaa waan dubbatuufi raawwatu hinbeekne jechuudha. Ergaan geerarsa kanaas, Ilmaan Jaawwii kan dur sirna Gadaan bulaa turan, moototaafi gootaota akka Abiishee Garbaan, Dabaloo Gannaa, Dhugumaa Jaldeessoo (kan ajajaa loltoota wallaggaa duula Adawaa irratti kan ture) har'a doofaa jedhamee osoo beekuu akka tuuafatme agarsiisa. Bo'oon 4ffaafi 5ffaa Oromoon osoo fayyaa qabuu dhukkubsataa ta'ee jiruufi jireenyi akka harkaa badeefi osoo beekuu wallaalaa akka jedhame agarsiisa. Kunimmoo bulchitoonni habashaa qabeenya isaa irraa saamanii hawaasni kun osoo qabuu hiyyoomuu isaa,

duudhaafi beekumsi Oromoo ganamaa waan tuffatameef osoo beekumsaafi ogummaa adda addaa qabuu akka wallaalaatti, hogganaa jabaa dhabuu isaan ummatni jabaan sun laafuufi gaarummaan Oromoo akka wallaalaatti ilaalamuu isaa ergaa geerarsa kanaaraa hubacbuun nidanda'ama. Geeraraan kun itti fufees

'Harree luqqaate taane

Titiisni nurra qubatte' jechuun geerara.

Oromoon Maccaa tajaajila geejjibaaf hedduminaan harreetti dhimma ba'a. Haata'u malee, harreen akka horii manaa biroo kabaja hinqabdu. Nama tuffatan 'abalu harreedha' ittiin jedhu. Waanuma itti fe'an baata jedhamee amanama. Oromoon ammoo goota jaallata malee namuma waan itti kennan baatu;kan mirga ofii hinfalmanne hinjaallatu. Diduun Oromoo Maccaa biratti Mallattoo gootummaafi jabinaati. Harreen ammoo diinnni ishee waraabessi yoo qabatu akka horii kaanii harkaa ba'uuf wixxifachuu mannaa caljettee faana deemuun beekamti. Amala ishee kanarraa kan ka'e waraabessi harree bineendota biroo caalaa jaallata jedhamee amanama. Sababni isaa morma ishee qabeetu gara bakka itti nyaatuu salphaatti geeffata. Harreen namaafis gara itti hoofan deemuufi kan itti fe'an baachuun beekamti. Harreen amala ishee kanaan bineelda manaa jaallatamtuu taatus; namni amala harree qabu garuu hawaasa Jaawwii Maccaa biratti jibbamaadha.

Geeararsa kana keessattis geeraraan, "Harree luqqaate taanee" jechuun hawaasni Jaawwii Maccaa erga hoogganaa ofii dhabee akka harree luqqaatee tuffatamne, salphanne yaada jedhu qaba. Hawaasni kun dammaqee ka'ee murna biyya isaatti itti dhufee isa hacuucu kana jalaa ba'uuf amala mormachuufi diduu akka horachuu qabu jajjabeessa. Kunis, harreen kan itti fe'an baachuun gara itti oofan deemuun harree akkuma tuffachiise; Oromoonis haahafu jechuun waan hundumaa callisuun, ajajamuufi yaada hormaa fudhachuun amala sirrii akka hintaane agarsiisa. Kunimmoo, gaarummaan, callisuufi garraamummaan yoo baay'ate miidhaa akka qabuufi hormaaf garaa laafuun Oromoo akka miidhe mul'isa. Kanaafuu Oromoon yaadaafi cunqursaa alagaa ofirraa cabsuuf garaa jabaachuu amaleeffachuu akka qabu agarsiisa. Kana malees ilmaan Jaawwii Maccaa dur ofiin of bulchaa akka turan, fardaan loluun akka beekamaniifi erga mootonni ilmaan Jaawwii injifatamanii alagaan hacuucamanii jireenya duraan jiraatanii gad jiraachuu isaaniitti gaabbiifi xiiqii itti dhaga'amu geeraraan haala itti aanuun ibsate.

Warri keenya isaan qaataa
Gachanaan karaa baasuu
Eeboon farda leenjisuu
Maal godhu ya baraa?
Haateessu dubbiin garaa

Geerarsa kana keessatti bo’oon 1ffaa “warri keenya isaan qaataa’ jedhu maal jechuu akka ta’e qorataan geeraraa waliin (afgaaffii mudde 2013) taasisieen warri isaanii isaan qaataa eenuyufaa akka ta’an gaafatee, “Warri keenya isaan durii Garbaa Hurruubaa, Abiishee Garbaa, Dabaloo Gannaa, Dagaa Horoofa’’i” deebii jedhu aragte. Namoota maqaa dhahaman kanneen keessaa Garbaa Hurruubaa abbaa Gadaa ilmaan Jaawwii Maccaa isa xumuraa akka ture himama. Kunimmoo hawaasni Jaawwii Maccaa hanga har’aa bara bulchiinsa Gadaan bulaa ture akka yaadatuufi jaallatu agarsiisa. Abiishee Garbaa, Dabaloo Gannaafi Dagaa Horoo ammoo mootota ilmaan Jaawwii keessaa ka’uun erga sirni bulchiinsa Gadaa laafee naannoo yeroo ammaa Godina Horroo Guduruu jedhamuun beekamu warra bulchaa turanidha. Geerarsi kunis bara bulchiinsa Gadaafi mootota ilmaan Jaawwii kana hawaasni naannoo kanaa ‘gaachanaan karaa baasa akka ture ibsa. Gaachanni meeshaa waraanaa yeroo lolaa ittiin eeboo ofirraa qolatanidha. Gaachanni qabannaa gootaa waan ta’eef akka mallattoo gootummaafi jibanaatti ilaalama. Kanaafuu ilmaan Jaawwii dur gaachanaan karaa baasuun isaanii gootummaafi lolaan akka beekaman agarsiisa. Bo’oo 3ffaa irratti ‘Eeboon farda leenjisu’ kan jedhu ilmaan Jaawwii eeboo qabatanii farda akka leenjisan agarsiisa. Kunis dur jabana Abiisheefi mootonni Jaawwii keessaa ka’an hawaasa kana bulchaa turan ilmaan Jaawwii fardaan diina daangaa isaanii cabsu waraanaanii ofirraa deebisaa turan. Kanaafuu farda isaanii tooftaa lolaa adda addaa leenjisu. Fakkeenyaaf ari’anii waraanuu, dheessanii ba’uufi utaalchoo boollaa shaakalsiisu. Kanaafuu eeboon farda leenjisu kan jedhu farda waraana shaakalsiisuu agarasiisa. Ergaan walii galaa geerarsa kanaas, bara bulchiinsa Mootota Jaawwii sana fardaan deemu, eeboon waraanu, gachanaan ofirraa dhorka turuusaa agarsiisa.

Kanarraa kan ka’e Jaawwii Maccaa karaa kaabaa Goojjamoota, karaa Bahaa mootota Shawaa ofirraa dhorkee injifannoon waggaa dheeraa jiraate. Kanaafuu, baroota Abiisheefi Abiishee duraa sun bara gaarii, bara injifannoo, bara qannoofi qananiiti jedhanii amanu. Barri bulchiinsaa Abiisheefi isaa as jiru garuu hawaasa Jaawwii Maccaaf bara injannoo irraa gara infatamuutti, ofiin of bulchuurraa gara alagaan buluutti, jieenya qannoofi qananii irraa gara roorroofi gadadootti gad buune jedhanii amanu. Kanaafuu, bara bulchiinsa Abiishee gosti Jaawwii jabaa akka tureefi bara ammaa kabajaafi ulfina duraan qabu sana akka hinqabne geeraraan haala itti aanuun ibsate.

Manni keenya dur gamaa

Ammammoo gamanakaa

Sanyiin keenya dur namaa

Ammammoo jabanakaa

Geerarsa kana keesatti, ‘Manni keenya dur gamaa, ammammoo gamanakaa’ kan jedhu jala butoo yoo ta’u; sanyiin keenya dur namaa, ammammoo jabanaakaa’ kan jedhu gosti ykn hawaasni geeraraan kun keessaa ba’e dur warra beekamoofi kabajamoo akka turaniifi bara kana garuu bakka duraan qaban sana akka dhaban agarsiisa. Sanyiin geeraraa kana kan kabajaafi ulfina duraan qaban irraa gad buuse bara yookiin yeroodha ergaa jedhus dabarsa. Barri ummatni Jaawwii Maccaa kabajaafi ulfina qabu itti dhabe kun baroota Abiisheen mootii Goojjam Taakile Haayimaanotiin itti injafatamee hanga har’aa kan jru hunda akka hammatus ragaalee afgaaffii maanguddoota waliin taasifame irraa hubachuun danda’ameera.

**Roorroo Abbootii lafaa**

Mootiin Goojjam Takle Haayimaanot Abiishee Garbaa waraanaan dadhabee gantuuwwan Qadiiddaa Wannabeefi Soorii Galaa fayyadamee injifachuun lafa qonnaan bultoota Jaawwii Maccaa abbootii lafaaf qooduun ummaticha rakkoowwan adda addaaf saaxile. Rakkoowwan dhufaatii abbootii lafaan walqabataniifi akkaataa rakkoo kana keessaa itti ba’an geerarsaan haala itti aanuun ibsatu.

Qe’ee warra Jimmaa Galoo

Bariitu gatii Kaloo

Harka Mangee geenyee

Akka warra Margee teenyee

Immiruu abbaa hiyyeessaa

Nubaaste rakkoo keessaa

Geerarsi kun hameenya bulchiinsa abbaa lafaa baalaleffachuuf kan geeraramedha. Kunis qe’ee warra Jimmaa Galoo jechuun ilmaan Jaawwii Maccaa keessa tokko kan ta’e gosa Oromoo Jimmaa kan yeroo ammaa naannoo Jimmaa Gannatii jiraatanidha. Jimmaan ilmaan afur kan qabu yommuu ta’u, isaanis; Nuunnuu, Waayyuu, Tibbeefi Gudayyaadha. Dooyyoon ilma Nuunnuu keessaa tokko yoo ta’u Galoon ammoo ilma Dooyyooti. Geerarsa kana keessattis qotebulaan Oromoo qe’ee isaanii irratti gatii kaloo yookiin gatii margaa kaffaluun itti ulfaatee rakkachaa akka ture agarsiisa. Bo’oo ‘Bariitu gatii kaloo’ jedhu keessatti jechi ‘bariitu’ jedhu abbootiin lafaa gatii margaa kana deddeebi’anii akka kaffalchiisaniifi gochi kun qonnaan bultoota akka nuffisiise agarsiisa. Geerarsa kana keessatti bo’oon 3ffaan harka Mangee geenyee, akka warra margee teenyee’ kan jedhu Mangistuu Hayilee Maariyaam, kan bara bulchiinsa Dargii prisdaantii ture agarsiisa. Ergaan isaan bara Haiyle Sillaasee lafti abbootii lafaan qonnaan bultoota irraa fudhatame ture sirni bulchiinsa Dargii (kan Mangistuun hoggananamu)

abbootii lafaa irraa lafa fuudhuun qonnaan bultootaaf waan qoodeef jaalalaafi kabaja akka Mangistuuf qaban agarsiisa.

Geerarsa kana keessatti, “Immiruu Abbaa hiyyeessaa, nubaaste rakkoo keessaa” kan jedhu Immiruu Ibsaa, kan yeroo Dargiin warraaqsa ummataan gara aangootti dhufe nama yeroo duraaf ‘SHambu Kifilaagar” bulcheedha. Immiruun bara dargii sana lafa abbootii lafaarraa fuudhee qonnaan bultoota Jaawwii Maccaaf waan qoqqoodeef hawaasa biratti hanga har’aa jaalalaafi kabajaa guddaa qaba. Hawaasni haala Immiruu Ibsaa bara sana itti filatame akkanaan yaadatu, “Dargiin akkuma dhufeen nama nu bulchuu danda’a jettanii yaaddan filadhaa jennaan gurguuddaan Horroo bara sana Finfinneetti walitti qabamee carraa hoogganaa ofii ofiin filachuu aragatan fayyadamuun Immiruu Ibsaa akka filataniifi Immiruun erga filatamees ganama mana barumsaa sadarkaa 2ffaa barsiisaa, sa’aa booda hojii bulchiinsaa hojjetaa akka tures ragaaleen afgaaffiii (Mudde 4, 2013) argame ni agarsiisa.

Bara Dargii namni Immiruu Ibsaa jedhamu abbootii lafaa kanarraa qote bulaa Oromoof lafa isaanii waan deebiseef hawaasa Horrro Guduruu Wallaggaa biratti kabajaafi beekamtii guddaa qaba. Kumimmoo Ilmaan Jaawwii hoogganaa isaan bulchu filachuuf fedhii guddaa akka qabaniifi bulchiinsi giddugalaa Finfinnee jiru hoogganaa ummataaf hin amanamne muudanii achii gad erguun dhaabbachuu akka qabu yaada isaanii ibsatu. Kunimmoo geerarsi gocha hammeenyaa abbootii lafaa ibsuurra darbee seenaa goototaa galmeessee dhalootni akka irraa baratuu gochuu keessatti ga’ee olaanaa akka qabu garsiisa. Geerarsa hammeenya abbootii lafaa seenessu keessaa kan biraan kunooti.

Gaangoo dugda safaruu

Callaa fudhaa masaruu

Ameessaan goongaa jennee

Dabeessaan gooftaa jennee

Folodeen giiftii jennee

Geerarsa kana keessatti bo’oo 1ffaan ‘Gaangoo dugda safaruu’ jedhu kunis abbootiin lafaa farda yookiin gaangoo yaabbatanii lafa bulchiinsa isaanii irra deddeemanii ilaalu. Gaangoo yookiin farda isaan yaabbatan kanammoo qonnaan bultoota Oromootu ooka itti haamee kunuunsa. Nama abbaa dabareetti gaangoo kana yoo kennan haadaan mudhii gaangee sanaa hidhanii itti kennu. Kunis abbaan dabaree sun gaangee sana sirnaan oka kennuun nyaachisemoo hin nyaachifne fi kan jedhu adda baafachuuf jedhaniiti. Garaan Gaangoo sanaa hidhaa sanarraa hir’atee argamnaan huqqate jedhamee waan yaadamuuf abbaan dabaree sun xagaraa adabama. Ilmaan Jaawwii kan dur gugsii fardaan beekaman farda akka

hingulufsiisne dhorkaman. Farda isaan yaabbachaa turan kana abbaa lafaatu irraa fudhate. Abbaan lafaa farda qonnaan bultoota Oromoo kanarraa fudhate isaanumti dabareen oka itti haamuun akka kununsan taasise.

Bo'oon 2ffaafi 5ffaan ammoo qote bulaan Oromoo ofii qotee ofii meesee haamee calleessee midhaan callaa mana abbootii lafaa geessee haati warraa abbaa lafaa harkaa fuudhuu akka diddu, Kanaaf giiftii jedhee kadhatee akka kennuufi gochi kun geeraraa kana akka aarsu agarsiisa. Gochi bara sana geeraraa kana aarse inni biroon abbaa lafaa gootummaa hinqabneen gooftaa jechuufi haadha warraa isaa folodee taate, kan qulqullina isheeyyuu hin eegganneen giiftii jechaa akka tureefi maqoonni kun jara kana akka bakka hinbuune agarsiisa. Kunis qonnaan bulaan Oromoo cunqursaa abbaa lafaa bara sanaa diduu isaa; fincilaa turuu isaafi lafti qonnaan bultootaaf deebi'uu isaatti gammachuu guddaa qabaachuu isaanii agarsiisa. Ergaan walii galaa geerarsa kanaa qotebulaan Oromoo bara Taakile Haayimaanot Abiisheefi moototа Jaawwii gowwoomsuun injifatee hanga bara bulchiinsa Hayile Sillaasee kan jiru baraafi bulchiinsota jiran hundarra yeroo badaa, rakkisaa, akkasumas bara roorroofi gadadoo akka ta'eetti ilaalu. Kunis lafa qotebulaa Oromootu Goojjamoota daangaa ce'anii dhufaniif qoqqoodamee, Oromoon ammoo akka isaaniif gabbaru, qotuufi jalatti bulu waan taasisaniif yeroo abaraamaadha.

Kunimmoo eenyummaan Oromoo lafa isaa waliin hidhata guddaa akka qabu agarsiisa. Sababni isaa qotebulaan Oromoo lafa isaa qotatee midhaan callaa argatuun ijoollee isaa guddifata. Margi horiin isaa dheedu lafa kanarraa marga. Kanaafuu Oromoo irraa lafa isaa fudhannaan waan jireenyaaf isa barbaachisu hunda akka fudhatteetti ilaala. Bulchiinsi Dargii dargaggoota hedduu humaan duula geessuufi qabsaa'ota Oromoo Ibsaa Immiruu kan lafa abbootii lafaarraa fuudhee qonnaan bulaaf qoode dabalatee hedduu galaafate. Haata'u malee ilmaan Jaawwii hammeenya inni godhe caalaa lafa qonnaan bulaaf deebisuu isaan Dargii faarsu. Kanaafuu Oromoo irraa lafaafi horii isaa fudhachuurra lubbuu isaa ajjeesuu wayya. Kanaafuu Diggaa Saaqoo "Korma hinqabuu, morma hindhabu" jechuun morma of muree malkaa horiin isaa dhugu gosa isaaf hambisee ofii wareegame.

**Oromoon Oromoo Cabsuu**

Oromoon dhaloota gulantaalee sirna Gadaa keessatti ga'eefi dirqama isaa barsiisaa, leenjii bulchiinsaafi waraanaa kennuun ga'eefi itti gaafatamummaa caaluuf qopheessaa ijoollee waan guddisuuf seenaa keessatti mootiin alaa(alagaa) Oromoo waraanee injifate hinjiru. Ilmaan Jaawwiis alagaan waraanaan waan dadhabeef fira faayidaan gowwoomsuun Abiishee gowwoomsanii injifachuu danda'an. Yaada kana geerarsaan akkana jechuun gaabbiifi xiiqii qaban ibsatu.

Minilik mucaa Amaaraa
Yeroo hundaa sittan aaraa

Goobanaa gowwoomsitee

Kan nu garboomsitee

Geerarsa kana keessatti bo'oon jalqabaa Minilik kan biyya Oromoo cabse sanyiin isaa Amaara akka ta'e ibsa. Bo'oon 3ffaafi 4ffaan Minilik biyya Oromoo ofii waraanee cabse osoo hintaane Goobanaa Daaccee kan sabaan Oromoo ta'e gowwoomsuun isa michoomsatee karaa isaan akka Oromoo gabroomse agarsiisa. Bo'oon Lammaffaa Geeraraan kun gocha gabroomfataa kanatti yeroo hundaa akka aaru ibse. Goobanaan Oromoon Maccaa Milikiin akka hinlolle Kumsaa Morodaafi kanneen biroo karaa nagaan harka kennachiise. Sirni Minilik Oromoo Maccaa kan dur ofiin of bulchu erga gabroonfatee caasaa ofii diriirfatee Oromoo miidhuufi qabeenya isaa saamuu itti fufe. Mootiin Goojjam Taakilee Haayimaanot kan Abiishee waraanaan dadhabee ilmaan Jaawwii keessaa Qadiidaa Wannabeefi Soorii Galaa qabatee jaarsummaa fakkeessanii Abiishee akka gowwoomsan ragaaleen afgaaffii manguddoota irraa argame nimirkaneessa. Kana malees Abiisheen jaarsummaan alagaa waliin araaramuu yaaluun akka doggogora seenaa guddaatti fudhatama. Kunis namoota wal dhaban jaarsummaan araarsuun aadaa Oromooti malee Oromoon warra Oromoo hintaane waliin aadaa kana fayyadamee araara buusuuf yaaluun sirrii akka hintaane agarsiisa. Dogoggorri seenaa akkanaa kun ilmaan Jaawwii keessatti qofa hintaane guutuu Ormomiyaa keessatti deddeebi'ee raawwateera. Kanaafuu Oromoon aadaa jaarsummaan waldhabdee Oromoofi Oromoo gidduutti uumameef malee saboota ollaa yookiin mootummaa waliin araaramuuf mala filatamaa akka hintaane mul'isa.

**Lammii Ofii miidhuu**

Seenaa keessatti ilmaan Jaawwii mootummaan yookiin alagaan waraanaan jilbeeffachiisee hinbeeku. Garuu namootuma dhiigaan Oromoo ta'antu alagaaf keettoo ta'ee gootota Jaawwii galaafate. Kanaafuu hawaasa Jaawwii Maccaa keessatti alagaa caalaa namni alagaa waliin duule diina ummta sanaa akka ta'eetti ilaalama. Yaada kana geeraraan akkanaan ibsa.

Gantuu ofdura buufatee

Qabeenya nu dhuunfatee

Biyya keenya dhuunfatee

Jireenya nu dhorkatee

Ya gantuu garaa kachoo

Amma darba barichoo

Inirraanfattaa gochichoo

Akka geerarsa kanaatti Wayyaneen biyya Oromoo qabachuuf Dhaabbata Dimokiraatawaa Ummata Oromoo kan jedhamu hundeessee akka meeshaatti itti gargaaramaa ture. Geerarsa kana keessatti gantuu ofdura buufatee' kan jedhu kun miseensota DHDUO Wayyaaneen ergamaa godhattee fedhi ishee

Oromiyaa keessatti galma ittiin ga'achaa turte qeequuf geerarame. Namootni faayidaa xixiqqoon gowwoomuun alagaa faana michoomuun ilmaan Oromoo fixaafi fichisiisaa turan balaalaeffata. Kunis, dhaabni kun namoota dantaa sabaarra dantaa ofii caalchifatanii qabsaa'ota hiisisaa, reebsisaa, qabeenya ummatichaa saamsisaa turan qeequun hojii gantummaa irraa akka of qusatan akeekkachiisa. Geerarsa kana keessatti, 'Qabeenya nu dhuunfatee' kan jedhu kun Wayyaanonni ergamtoota DhDUO kana fayyadamuun qabeenya Oromoofi Oromiyaa saamaa akka turan agarsiisa. Kunis aangoo isaanii fayyadamuun isaan lafa Oromoo, albuudota gosa adda addaafi maallaqa bifa adda addaan saamaanii faayidaa dhuunfaaf oolfachaa akka turan agarsiisa.

Bo'oo 3ffaa irratti, "Biyya keenya dhuunfatee'kan jedhu wayyaaneen qabeenya Oromoo qofa saamee hindhiifne biyya Oromoo akka dhuunfate agarsiisa. Biyyi Oromoo jechuun Oromiyaadha, Oromiyaan lafa, nama, aadaa, duudhaafi qabeenya Oromoo hundaa kan hammatudha. Kunimmoo wayyaaneen lafa Oromoo kallattii addaan maqaa investimentiin lafa magaalaafi baadiyyaa (fknf lafa qonnaa babal'aa) fudhachuun lafa Oromoo saamteetti. Nama Oromoo kan fedhii ishee jala dhaabbate hayyoota, abbootii qabeenyaafi qabsaa'ota kaan hiitee, kaan ajjeeftee kan biyyaa ariiteetti. Kana malees qabeenya Oromiyaa buna, chaatii, albuudota gatii qaqqaalii to'annoo ishee jala oolfachuun abbaa akka biyyaa ariiteefi Oromiyaa akka dhuunfatte agarsiisa.

Geerarsa kana keesatti (bo'oon 5-7) namootni gantoota ta'an wayyaanee waliin ta'uun qabeenya ummatichaa saamuun garaan isaanii coomee kachoo akka fakkaatuufi barri rakkisaa kun gaaftokko akka dabru namoota kana akeekkachiisa. Gaafa barri sun darbe namootni qabeenya ummataa saamanii garaa guuttatanii qaamaan fuurdatan kunniin gaafa barri kun darbe irraanfachuu akka danda'aniifi ummatni garuu akka hin irraanfanne; kanaaf ummata saamurraa akka ofqusatan gorsa. Kanaafuu ergaan waliigalaa geerarsa kanaa DhDUO faayidaan gowwoomee dantaa Oromoo alagaaf dabarsee kennuun, alagaa waliin firoomee lammii isaa miidhuufi qabeenya Oromoo saamsisuun gocha jibbamaa waan ta'eef namootni gocha akkasii keessatti hirmaatan hojii akkasii irraa akka deebi'aniifi dhalootni gocha jibbamaa kana akka hinhordofne akeekkachiisa. Jamaan geerarsa kana dhaggeeffatus yaada isaa kana akak tumsan agarsiisuuf akkana jechuun jalaa cooku.

Gurbaa farsoo buusu sanaanii,..

Buusaan tolee yoo hanqachuu baate, jedhiinii

Gurbaa lammii miidhu sanaanii

Miidhaan tolee, yoo salphachuu baatte' jedhiinii jechuun jalaa qabu.

Hirmaattonni geerarsa kanaa jalaa cooka kanaan geeraraa aara galfachiisuuf, qalbiin hordofaa jiraachuufi dabalee akka geeraru onnachiisuuf jalaa akka cookan beekamaadha. Kanaan alas jalaa cookni ergaa dabarsu kan mataa isaa qaba. Jalaa cookni kunis gurbaa lammii yookiin gosa isa miidhaa jiru sanaan, ‘Miidhaan tole, yoo salphachuu baatte jedhiini” jechuun namni sun ummata akka malee rakkisaafi gidirsaa jiraachuu, lammii ofii miidhuun ammoo dhumarra akka nama salphisuufi innis dhumarra salphachuuf akka deemu geerarsaan itti himan. Yaada kana manguddoonni, namni lammii ofii miidhe qe’eefi qabeenyi isaa akka badu muuxannoo darberraa barachuu isaaniis dubbatu. Yaada kana Abdiisaa Boroxaa (Mudde 20013) “Qadiddaa Wandabee kan Goojjamoota waliin michoomuun Abiishee Garbaatti male qe’een isaa akka badeefi sanyiin isaa lafarraa dhuman, sanyiin Abiishee Garbaa garuu horanii biyya guutan. Kunimmoo gaariifi goota dantaa sabaa tiksu hawaasni ni eebbisa. Namni eebba qabu ammoo namaafi horiin hora, ummata biratti kabajaafi jaalala qabaata. Nama gantuu dantaa sabaa gurgurtu garuu hawaasni ni abaara. Namni abaarame horiin isaa nidhumata, sanyiin isaa lafarraa bada. Kanaafuu dhaloonni goota malee gantuu ta’uu akka hinqabne geerara kanarraa hubachuun nidanda’ama. Geeraraan namoota faayidaa dhuunfaaf jedhanii lammii ofii miidhan muka qottootti fakkeesssuun akkanaan ibse

Sanyiin sanyiitti hin maluu,
Kan muka qottoo raajaa,
Namni guddaan xobbee hincabsuu,
Kan jalduu guddaa raajaa, jedha.

Geerarsa kana keessatti bo’oon 1ffaa keessatti ‘Sanyiin sanyiitti hinmaluu, kan muka qottoo raajaa’ jechuun muka qottoo malee uumaan biraa gosa, fira yookiin lammii isaa hinmiidhu yaada jedhu qaba. Mukti qottoo garuu muka ta’ee qottoof haala mijeessuun qottoon akka mukeen muree balleessu taasisa. Gochi gantootaas gocha qottoo kanaan walfakkaata. Kana malees, mukni qottoo mukeen jiran keessaa muka jal’aa irraa akkuma tolfamu, gantuunis namoota jiran keessaa gochaafi amalli isaa jal’ataadha. Kanaafuu mukti qottoofi gantuun alagaa waliin tumsuun sanyii ofii miidhuufi jal’atoo ta’anii uumamuun isaanii wal isaan fakkeessa. Kanarraa kan ka’e uumama lafarra jiran keessaa hojiin qottoofi gantootaa kan nama raaju ta’uu isaa agarsiisa. Kanaafuu lammiin lammii ofii gargaaruu malee, lammii ofii miidhuun aadaa hawaasichaa keessa akka hin jirreefi kun immoo waan safuufi duudhaa hawaasichaa keessa hinjirre ta’uu agarasiisa.

Bo’oon 3ffaafi 4ffaan ammoo, ‘Namni guddaan xobbee hincabsuu kan jaldu guddaa raajaa’ jechuun namni guddaan akka aadaa Oromootti muka xobbee yookiin kichuu ol guddachaa jiru hinmuru. Muka xobbee marartee malee kan muru uumama jiru keessaa jaldeessaa yaada jedhu qaba. Kunis 1ffaa namni guddaa muka ol adeemaa muru safuufi duudhaa Oromoo ganamaa akka hintaane agarsiisa. Kunis

Oromoon qabeenya uumamaa kunuunsuufi tiksuu irratti ejjennoo gad fagoo qabaachuu isaa agariisa. Namoonni biroos qabeenya uumamaa kana akka kunuunsaniif nama biqiltoo ol adeemaa cabsu jaldeessatti fakkeessuun gocha akkasii irraa akka of qusatan taasisu. Kanaafuu namni lammii ofii miidhuufi qabeenya uumamaa mancaasu amala namaa osoo hintaane amala mukaa (muka qottoo(fi bineensaa (jaldeessaa) ta'uu hubachuun namoonni gocha akkasii irraa akka of qusatan akeekkachiisa. Kunimmoo hawaasni Jaawwii Maccaa geerarsa fayyadamee gochoota gaggaarii faarsuu(gootummaa arjummaa, hayyummaa)  faarsuungochoota badaa (gantummaa, ofitummaa, dabuma, dognummaa) qeequun dhaloonni hubannoofi muuxannoo akka irraa horatan taasisa. Fakkeenyaaf namoota angoofi faayidaa dhuunfaaf jedhanii ummata isaanii miidhan   akkana jechuun geerarsaan qeeqa:

Wayyaakoo dhuma hin oollee
Maafan hiddiirraa qabee
Gurra jirbii balleessaa
Lubbuukoo du'a hin oollee
Maafan dhiirarraa dheessee
Maqaa abbaakoo balleessaa
Ittuman lixa malee

Geerarsa kana keessattis bo'oon (1-3) walaloo itti aananii dhufaniif jalaan butoo ta'uun walaloo sana miidhagsuuf malee kallattiin ergaa geerarsa kanaa waliin hidhata hinqabu. Bo'oowwan 4-6ffaa jiran namni kamaiyyuu du'a akka hin oolleefi duuti uuamama ta'uu dhaggeeffattoota yaadachiisa. Kanaafuu lubbuu du'a hin oolleef dhiirarraa dheessuun maqaa gaarii abbaankoo duraan horate hinballeessu yaada jedhu qaba. Kunimmoo namni sodaates sodaachuu baates loles loluu baates gaaftokko du'uun adunyaa kanarraa deemuun isaa hinhafu. Kanaafuu goota lolarra waliin jiran biraa hinbaqadhu, hinseessu yaada jedhu qaba. Lolarraa dheessuun mallattoo dabumaa keessaa isa tokkodha. Sababiin isaa hawaasa biratti dabeessi nituffatama. Kunimmoo dheessanii maqaa ofiifi abbaa ofii balleessuurra du'anii dhabamuu wayya yaada jedhu qaba. Dhaloonni geerarsa gootummaa akkanaa dhaggeeffachaa guddate goota malee dabeessaafi gantuu ta'uu hindanda'u. Kunimmoo Ilmaan Jaawwii Maccaa durii hanga ammaa madda goototaa taatee akka itti fuftu taasiseera. Kana malees namni tooko ofiif, haaadhaafi abbaa isaarra darbee lammii isaaf jiraachuu akka qabu akkana jechuun jajjabeessu.

Wayaan cidhaaf hintaanee
Hiddittoo cicciramee
Cite yoo bade wayyaa
Ilmoon lammiif hintaanee
Guyyaa xiiqii hinbirmannee

Du’ee yoo bade maalii

Geerarsa kana keessatti bo’oowwan 1-3 jala butoo afawalaloo itti aananii miidhagsuuf malee ergaa geerarsaa kana waliin hidhata hinqabu. Sababiin isaa wayaan guyyaa cidhaa qofa waan hin uffatamneef faayidaa huccuu cidha waliin hidhata hinqabu. Bo’oowwan 4-6 irratti ilmoon lammii ofiif bu’aa hinbuufne, guyyaa lamiin rakkate birmatee rakkoo sana keessaa hinbaafne yoo du’e dhabame wayya ilaalcha jedhu qaba. Akka yaada kanaatti namni ofiifi maatiiofiirra darbee lammii isaaf bu’aa buusuu qaba yaada jedhu qaba. Kunimmoo, hawaasni yoo rakkate gargaaruu, yoo lammiin ofii nama waame owwaachuu, ga’ee ofii ba’achuufi dantaa sabaa tiksuun miseensa hawaasaa kamiyyuu irraa akka eegamu agarsiisa.

**Roorroon Ummata Oromoorra Dheerachuu**

Ilmaan Jaawwii Maccaa erga Takle Haayimaanot mootota Jaawwii Maccaa dhabamsiisee eegalee barri hacuuccaafi roorroo darbee jijjiiramni nidhufa jedhanii osoo abdatanii barri garbummaa akka itti deddeebi’e geerarsaan akkanaan ibsata.

Nutti deebiti hinseenee
Isheenoo nutti deebitee
Akka miciirraa funyoo
Akka michii Maanguddoo

Ilmaan Jaawwii Maccaa Geerarsa kana keessatti garbummaan akkuma micciirraa funyoofi michii maanguddoo ilmaan Jaawwii Maccaatti deddeebi’uu isaa agarsiisa. Funyoon haada ittiin horiifi wantoota biroo hidhanidha. Funyoon jalqaba qunceerraa fo’ama. Fo’aa sadiitu walitti micciiramee funyoo ta’a. Namni dulloomes michiin irraa hinfagaattu, amma amma deddeebi’ee dhukkubsata. Michiin dhukkuba salphaa kan nama hin ajjeefnedha. Nama dulloomerraa micchiin hinfagaattu. Amma gadhiiftee amma itti deebiti. Akkuma micciirraa funyoofi michii maanguddoo garbummaafi roorroon ilmaan Jaawwiitti amma ammaa deddeebi’uu agarsisa. Kunis yeroo sirni mootummaa jijjiiramu waan haaraan nidhufa jedhanii abdatanii jijjiirama dhabuu isaanii agarsiisa.

Fakkeenyaaf Goobanaa Daacceefi Takle Hayimaanot bara 1982ALA bakka Imbaaboo jedhamutti yeroo wal lolan ilmaan Jaawwii Maccaa goobanaa tumsuun takle haayimaanot dhabamsiisani. Sababiin isaa sirna abbaa lafaa Takle Hayimaanot diriirse Goobanaan nijiijjira jedhanii abdataniiti. Haata’u malee Goobanaan injifatus sirni abbaa lafaa ittuma fufe. Akkasumas hanguma sirni tokko kufee, kaan dhufu uummatni jijjiirama bu’uuraa akka eeguufi sirnoonni dhufan garuu roorrooofi garbummaan mootota habashaan eegalame kana akka itti fufsiisan agarsiisa. Kanaafuu, ilmaa Jaawwii maccaa jireenya garbummaa jiraachuun akka isaan nuffisiise, fedhiifi dharraa bilisummaaf qaban agarsiisa. Kunimmoo

Oromoon sirna mootummaa dhufee darbu keessatti dhiibamuu isaa agarsiisa. Kanaafuu geeraraan akkana jedhee geerarsaan komate:

Warroo qomoo ishee footee
Akka nu bitan gootee
Konkolaataa yaabbatuu
Oromoo eessaa yaadatuu
Qabeenyaa isaa saammatuu
Ittiin bultii ijaarratuu

Geerarsa kana keessatti 'Konkolaataa' kan jedhu sirna moototni Habashaa ijaarratan kan ibsudha. Sirna ijaarratan kana qomoon akka wal fo'aniifi Oromoo moggaatti dhiiban geerarsa kanarraa hubachuun nidanda'ama. Kunimmoo sirna kana keessatti Oromoo moggaatti dhiibanii qomoo ofii filanii qabeenya Oromoo Jaawwii Maccaa saamuun akka ittiin bultiifi sirna ijaarratan agarsiisa. Erga sirna kana ijaaranii, 'Qomoo ishee footee akka nubitan gootee' kan jedhu caasaa bulchiinsaa olii hanga gadii warra kaabaa malee Oromoo akka keessatti hinhirmaanne agarasiisa. Kanaafuu Oromoon qe'ee isaatti keessummaa ta'ee hooggansa irraa akka dhiibameefi qabeenya isaa samame agarsiisa.

Oromoon Jaawwii Maccaa Oromoo kan cabse duudhaa, amantiifi sirna bulchiinsa Oromoo kan ta'e sirna Gadaa kan balleesse, rakkoo siyaas dinagdee har'a keessa jirruuf kan nu saaxile Minilik jedhee amana. Kanaaf sirnaafi maqaa namichaallee baay'ee jibba. Jibba isaa kana geerarsaan akkana jedhee ibsata.

Minilik Mucaa Amaraa
Yeroo hundaa sittan aaraa
Goobanaa gowwoomsitee
Sabakoo garboomsitee
Akkoo jiruukee taatee 1
Rirmuu sitti xiqqaatee
Innoo lafee sinyaatee

Geerarsa kana keessatti (bo'oo 1-3ffaa) Minilik sabaan Amaaraa akka ta'eefi Goobbanaa kan dhiigaan Oromoo ta'e gowwoomsee Oromoo Jaawwii Maccaa akka garboomse agarsiisa. Gochi Minilik kunimmoo geeraraafi hawaasa Maccaa yeroo hundumaa akka aarsu mul'isa. Sababiin isaa Minilik II Oromoo waraanee injifachuu akka hindandeenye waan beekuuf Oromoo keessaa keettoo akka bitate, tooftaa kanaan Oromoo erga cabsee Goobanaa mataa isaayyuu dhabamsiise. Geerarsa kana keessatti bo'oon 5ffaa Minilik mootiin hamaa kunis waan akkoofi akaakayyuu isaa du'a hin oolle yaada jedhu qaba. Kunis Minilik mootiin Shawaa kan Oromoo Oromoon cabsee Ilmaan Jaawwii Maccaa qe'eefi qabeenya isaarratti gabbaarii taasise kun du'aan boqochuufi rirmaan nyaatamuun isaa akka isa

gamamchiise ibsata. Kunimmoo Ormoon Jaawwii Maccaa Minilikiin hangam akka jibbuufi balaaleffatu mul’isa Kunis sirni Minilik ijaare Oromoo garbummaa alagaa jalatti waan kuffiiseef akka diina uummata Oromoo isa guddaatti ilaalama.

**Humnaan Dargaggoota Waraana Geessuu**

Oromoon Jaawwii Maccaa sirnoota darban keessaa Sirna Dargii kanneen biroorra wayyaa akka ta’e dubbatu. Sababni isaa Dargiin lafa abbootii lafaarraa fuudhuun qonnaan bultootaaf waan qoodeef qote bulaa Oromoon kanneen biroo caalaa nijaallatama. Kanaafuu Kolenel Mangistuu Hayile Mariyaam abbaa hiyyeessaati. Garuu gara boodaa dargaggoota dirree waraanaatti guuree ficcisisuun akka jibbame dubbatu. Yaada kana qonnaan bultoonni Jaawwii Maccaa geerarsaan akkaanaan ibsatu:

Jabana dargii Sanaa
Qubaan nama maraxuu
Du’aaf nama dhaqatuu

Geerarsi kun bulchiinsa sirna Dargii qeequuf geerarame. Barri bulchiinsa Dargii bara waraanaa jedhamuun beeakama. Geerarsa kana keessattis bo’oon 1ffaa. ‘Jabana Dargii sanaa’ jechuun bara bulchiinsa Dargii kan agarsiisudha. Bo’oon 2ffaa irratti, ‘Qubaan nama maraxuu’ kan jedhu namoota waraanaaf yoo filatan fedhiin yookiin carraan osoo hintaane harka baasuun nama barbaadan filachuun gara dirree waraanaa akka ergan agarsiisa. Kunimmoo mootummaan Dargiis gara duraa gaarii of fakkeessee dhiyaatus dhumarra hacuuccaafi dhiittaa mirgoota namoomaan beekamaa akka ta’e mul’isa. Bo’oon 3ffaan du’aaf nama dhaqatuu” kan jedhu dirree waraanaa dargaggoonni deeman akka dhuman agarsiisa. Dargaggoonni filatamanii waraana geeffaman bulchitoota keessaa fira kan hinqbneefi bulchitoota yeroo sanaaf gubboo kennuu kan hindandeenye akka ta’e agarsiisa. Geeraraan kun itti fufuun dhiittaan mirgoota namoomaa bara Dargii sana raawwatu akkanaan ibse.

Quba nutti raasanii
Kuma nutti nyaatanii
Abbaa alaa kabaluu
Ilma manaa maraxuu

Geerarsa kana keessatti bo’oon jalqabaa bulchitoonni sirna Dargii dargaggoota fedhii isaanii malee sodaachisaniifi itti dhaadatanii humnaan dirree waraanaa geessaa akka turan agarsiisa. Bo’oon 2ffaan bulchitoonni sirnichaa dargaggoota humnaan waraanaaf erguu isaaniin akka badhaasaatti qarshii hedduu akka itti argataa turaniifi maatii dargaggoota kanaarraas gubbuu fudhachaa akka turan kan mul’isudha. Bo’oon 3ffaafi 4ffaan maatiin ijoollee isaanii waranaa geeffamuuf filataman gaafachuuf mana itti

tursiifaman yoo deeman bulcitoonniifi poolisoonni alatti maatii akka kabalaniifi manatti ijoollee isaanii akka hiraarsaan turan kan agarsiisudha. Dargaggoota dirqiin fedhii malee dirree waraanaa erguun diinaaf waraana leenjisuudha. Kunimmoo namoota sanaafis ta'e mootummaaf kisaaraadha. Kanaafuu dargaggoota gara leenjii dirree waraanaa galchuun dura namni sun fedhii akka horatuufi kaayyoo leenji'u sanatti akka amanu hubannoo uumuun barbaachisaadha.

**Rakkoo Bulchiinsa Gaarii**

bulchiinsi EFDRI hanqina mootota darbanii qeeqaa ofiis hanqina bulchiinsa gaarii kan akka mirga namaa sarbuu, lafti safaruun abbootii qabeenyaaf kennamuufi gibira humnaa olii kaffalchiisuun akka ture geeraraan akkanaan ibsata.

Seenaa kaleessaa odeessaa
Isa har'aatu na bobeessaa
Hiwaat warra Maqalee
Biyya keessoo nugalee
Dhaabbiitti lammiikoo qalee

Geerarsa kana keessatti seenaa kaleessaa kan jedhu dhiittaa mirga namoomaa sirna Minilik II, HayileSillaaseefi Dargiin raawwatame kan ibsudha. Seenaa Mootota darbanii sana caalaa garuu kan geeraraa kana aarsu kan mootummaa yaadid 'EFDRI' akak ta'e ibsa. Addi Bilisa Baasaa Tigiraay 1991-2008 yeroo Itoophiyaa bulchaa ture namoota mirga ummata Oromoof morman namoota hedduu hiitee darartee, garii ammoo ni ajjeeste. Wayyaneen biyya Oromoo hinbeekne Afaan Oromoo hindhageenye namoota faayidaan bitaman fayyadamtee Oromoo miidhaa akka turtes geeraraan kun akkanaan ibsa.

Mallas ya qomoo firaa
Ya araarfataa firaa
Lafarra funyoo keessee
Hiyyeessakeef maal keessee
Laftoo safara ta'ee
Kan abbaa Qabeenyaa ta'ee
Abbaa Qabeenyaaf ta'ee
Hiyyeessikee attam ta'ee?

Geerarsa kana keessatti bo'oon 1ffaafi 2ffaan Muummicha ministeraa Itoophiyaa kan ture Mallas qomoo firaa, yaa araarfataa firaa' jechuun Mallas waliin firummaa dhiigaa akka waan qabanii fakkeessee dhiyeesse. Bo'oon 3ffaafi 4ffaan lafarra funyoo keessee, hiyyeessakeef maal keessee? Jechuun gaaffii gaafata. Kunis mootummaan Yaadig lafa qoonaan bultootaa safaruun kaardii itti muraa ture. Kunimmoo

bal'ina lafa qonnnaan bultootaa adda baasuun gibira gabbarsiisuuf yaadameeti. Qonnaan bultoonni gibira kana kaffaluu dadhaban nama qabeenya qabutu irraa fudhata jedhamee yaadama ture. Geeraraan kunis gocha lafa safaruu kana akka jibbe, akka yaadda'eefi hiyyeessaaf furmaatni maaltu jira? jechuun sodaafi yaaddoo isaa ibsata. Mootummaan safara lafaa jedhee qote bulaa irraa lafa fuudhee abbaa qabeenyaaf kennuun hiyyeessa jireenya dhorkachuudha yaada jedhu qaba. Bo'oon 6ffaan 'Laftoo kan abbaa qabeenyaa ta'ee' jedhu lafti hiyyeessa irraa fuudhamee abbootii lafaaf kennamuu isaa agarsiisa. Bo'oon 7ffaan abbootii lafaaf ta'ee; kan jedhu ammoo barri kun abbootii qabeenyaaf malee hiyyeessaaf mijataa akka hintaane agarsiisa. Bo'oon dhumaa,'Hiyyeessikee akkam ta'ee' kan jedhu hiyyeessi lafti isaa irraa fudhatamee rakkoo keessa akka jiruufi rakkko kanaaf furmaata akka barbaadu yaada dhiyeessa. Kunimmoo qonannaan bulaan Oromoo jiruufi jireenyi isaa lafa isaan akka waliitti hidhate, lafa isaa dhabuun ooyiruu midhaan irra qotatu, lafa marga dheechisiifatu, lafa mana itti ijaarratuufi malkaa waraabbatu hunda dhaba. Kanaafuu jiruufi jireenyi Oroomoo lafa isaan walitti kan hidhamedha. Akkasumas, mootummaan qote bulaa irraa gibira humna isaanii ol yoo fuudhu; diddaa isaanii akkana jechuun geerarsaan ibsatu.

Gibirroo dhibba ta'ee
Hiyyeessoo jibba ta'ee
Ammoo kumayyuu ga'ee
Hiyyeessoo du'a ta'ee

Geerarsa kana keessatti mootummaan Yaadig hiyyeesssa irraa lafa fuudhee sooressaaf kenna. Mangistuun ammoo sooressa irraa lafa fuudheetu hiyyeessaaf kenna. Tooftaa mootummaan hiyyeessa irraa lafa fuudhu keesssaa tokko ammoo gibira itti guddisuun akka inni laficha gadhiisu gochuudha. Geerarsa kana keessatti Bo'oon 1ffaan gibirri dhibba akka ta'eefi kunimmoo hiyyeessa jibbuurraa akka maddu agarsiisa. Qotebulaan gibbirri dhibba ta'uun niqaala'e jedhee osoo boo'uu dachaa kudhaniin itti dabalee gibirri kuma galuufi hiyyeessi du'aafi jireenya jidduu jiraachuu agarsiisa. Ergaan geerarsa kanaa gibirri qonaan bulaan kaffalu yeroodhaa gara yerootti dabalaa waan dhufeef kaffalachuu akka dadhabe, sirni kun hiyyeessa irra dhiibbaa guddaa gochaa akka jiru agarsiisa.

**Hawwii Gara Fuulduraa**

Oromoon Maccaa jiruu gara fuulduraa jiraachuu hawwu, abdii egereefi waan milkeessuu barbaadus geerarsaan ibsata. Garbumma, hiyyummaafi gaga'ama siyaasaa qe'ee isaatti isarra ga'e kanaan abdii kutatee egeree isaa falachuu hindhiifne. Kunimmoo, hawaasichi rakkoowwan dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa walxaxaa keessa taa'ee karaa ittiin ba'u akka karoorfatu agarsiisa. Fuulduratti waan argachuu barbaadu, bakka isaaf maluufi jireenya fooyya'aa gara fuulduraa jiraachuu yaadus geerarsaan

ibsata. Geerarsoota qabiyyee abdii gara fuulduraa ibsan kanneen keessaa gurguddoon olaantummaa siyaasaa irraa fudhatame deeffachuun qe'eefi qabeenya isaarratti abbaa ta'uun geerarsa kana keessatti irra deddeebiin ibsame.

Harmee koo ya soorettii

Ingalla akka koorrettii

Hin hafnu akka joorrettii

Geerarsa kana qabsa'aa Oromoo Wayyaneen qe'ee isaatii ariitee bosona keessa jiraatutu geerare. Geerarsa kana keessatti 'harmeekoo ya soorettii" kan jedhu haadha isa deesse harmee osoo hintaane dubbii qoolaa iddoosaatti fayyadamuun biyya Oromiyaa haadhatti fakkeessee ibse. Jechi sooresttii jedhu qabeenya Oromiyaan qabdu ibsuuf fayyadame. Geerarsa kana keessatti bo'oon 3ffaa 'Hinhafnu akka joorettii' kan jedhu qabsaa'onni Oromoofi ummatni Oromoo waliigalaa yeroo ammaa jireenya gadadoofi rakkinaa keessa jiraachuufi haala kana keessaa nibaana abdii jedhu mul'isa. Bo'oon 2ffaa irratti, "Ingalla akka koorrettii" kan jedhu fuuldura boonnee, miidhagnee guyyaa tokko nigalal yaada jedhu qaba. Kunimmoo gara fuuldura jireenya gamamchuu, sadoofi qananii qabu jiraachuuf hawwiifi fedhii qaban agarsiisa. Abdii isaa kanas geerarsaan akkana jechuun ibse.

Maalfaa yaadda? naan jedhuu,
Maalan yaaduu dhiisaree,
Ministirii fudhachuu
Ingilizii dubbachuu,
Kana yaada garaanoo,
Waaqni haa baasu karaanoo.

Geerarsa kana dargaggeessa fedhii barnoota qabu, kan barnoota barachaa hinjirre garuu fedhii barnoota barachuu qabautu geerare. Geeraraan kun jireenya isaa gara fuulduraatti barnoota baratee ministirii fudhachuufi afaan Ingilizii dubbachuun fedhii isaa guddaadha. Hawwiiisa kana galmaan ga'achuuf maatiin isaa danqaa itti ta'uu akkana jechuun abbaa isaa komata. Geeraraan kun namni ni yaada, ni karoorsa; kan milkaassu garuu Waaqa amantaa jedhu qaba. Kanaafuu karoora isaa gara fuuladuraa akkana jechuun geerara.

Ijoollee baddaa keenyaa

Amma tola yoo tolee

Yoo qallaan moorri tolee

Yoo rafnaan abjuun tolee

Amma yaabbii sombootii

Amma nyaata sombaatii

Geerarsa kana keessatti bo'oon 1ffaa irratti, 'ijoollee baddaa keenyaa' kan jedhu, geeraraan hirmaattota waamuun xiyyeeffannoon akka dhaggeeffatan hawachuuf kan gargaarudha. Bo'oo 2ffaa irratti amma tola yoo tole' kan jedhu fuuldurri hawaasa kanaa gaarii ta'a abdii jedhu qaba. Fuuldurri Oromoo kan tolu ammoo yoo qallaan moorri toleefi rafnaan abjuun tole yaada jedhu qaba. Kunimmoo Oromoon waan fuulduratti ta'u beekuuf moora ilaala. Moorri Oromoodhaaf agarsiiftuu egeree Oromooti. Kunis dur Oromoon akkuma warra kiristaanaafi Islaamaa kitaaba Gadaafi Waaqeffannaa kan katabame qaba ture jedhama. Kitaaba kana loon Ateetee nyaattee, ergasii Oromoon Moora ilaaluu eegale jedhamee amanama. Kanaaf Oromoon moora horii qalamee ilaalee bor maal akka fakkaata adda baafata. Geeraraan kunis yoo qallaan moorri tole, rafnaan abjuun tole waan ulfaataa miti salphaadha yaada jedhu qaba. Kunimmoo fedhii namaa qofa osoo hintaane yaadaafi fedhiin Waaqaa keessa jiraachuu qaba ilaacha jedhu qaba.

Fedhiin Waaqaa yoo keessa jiraate egereen Oromoo hanga foon sombaa nyaachuu laafaa ta'uu isaa agarsiisa. Sombi kutaa foonii baay'ee laafaa kan adurreen nyaattudha. 'Hanga yaabbii Sombootii' kan jedhu somba waliin akka mana rukkutuuf malee Somboo yaabuun akka somba nyaachuu laafaa miti. Oromoo Maccaa biratti mukti somboo muka gaaguraa beekamaadha. Mukti gaaguraa ammoo muka guddaa bineensotni akka jaldeessaafi qamalee salphaatti hin yaabbannedha. Kanaafuu geerarsa kanarraa hawasni Jaawwii Maccaa geerarsaan waan kaleessa dabarseefi har'a keessa jiraatu qofa osoo hintaane egeree isaa ilaalchisee karoora isaa ittiin baafata.

**Goolabaafi Yaboo**

Oromoon Jaawwii Maccaa geerarsa dhimmootaafi ergaawwan adda addaa dabarfachuuf geerara. Geerarsa kanneen keessaa tokko geerarsa siyaasaa kan dhimmoota bulchiinsaa ilaalchisee geeraramudha. Jaawwii Maccaa geerarsi siyaasaa yaadannoo bara bulchiinsa gadaafi mootota ilmaan Jaawwii keessaa dhalataniin bulaa tureefi bara bulchiinsaa achi as jiru, haala bulchiinsa yeroo ammaafi haala bulchiinsaa gara fuulduraa qabaachuuf hawwu ibsachuuf geerara. Kunis Oromoon dur sirna Gadaan bulaa akka ture, sirni Gadaa erga laafees mootota naannoo sanaa ka'an kan akka Abiishee Garbaa, Dabaloo Gannaafi Dhugumaa jaldeessoon mootummaa dhaalaa hundeeffatanii bulaa akka turan ittiin ibsatu. Mootonni Ilmaan Jaawwii kunniin kan humna qaban kanneen humna hinqabne dhaabamsiisuun daangaa ofii babal'ifachuufi mootonni humna hinqabne ammoo daangaa bulchiinsaa isaanii tikfachuuf walirratti dulaafi wal lolaa akka turan ragaaleen qorannoo kanaa agarsiisa.

Akkasumas, Moototа ilmaan Jaawwii kana keessaa Abiishee Garbaa hunda caalaa humna guddaa akka qabuufi daangaa ilmaan Jaawwii tiksuuf Goojjamoota waliin yeroo adda addaa akka wal lolaa tureefi waraanaan deddeebi’ee akka injfates ragaaleen ni agarsiisu. Mootiin Goojjam Taakile Haayimaanot waldhabdee ilmaan Jaawwii gidduu jiru kana hubachuun mootota humna hinqabneefi Abiisheen waliin hariiroo gaarii hinqabne Qadiidaa Wannabeefi Soorii Galaa faayidaan gommoomsuun michoonfate. Taakile Haayimaanot mootota kanneen lamaan Abiishee Garbaa waliin walitti na araarsaa jechuun Abisheetti jaarsummaa ergate. Abiisheef Garbaafi gareen isaa araara se’anii meeshaa waraanaa hiikkatanii bakka sana yoo gahan akka bineensaa kiyyeessanii qabatanii Goojjam geessuun haala suukaneessaan ajjeesan. Moototа xixiqqoo Jaawwii biroos hunda dhabamsiisanii lafa ilmaan Jaawwii hunda bulchiinsa ofii jala galfatan.

Kanaafuu Oromoon yeroo adda addaa maqaa araaraan warra kaabaa kanaan waan gowwoomeef; dogoggora seenaa kanarraa Oromoon dubbii gidduu isaa jiru jaarsummaafi gumaan fixachuudha malee horma duudhaa jaarsummaan araaramuu hinqabne waliin deddeebi’anii gowwoomuun akka hinbarbaachifne xiinxala ragaalee qorannoo kanaarraa hubatameera.  Kanaafuu, ergaan siyaasaa geerarsa Oromoo Maccaa funaanaman hedduun waa’e gootummaa Abiishee Garbaa, Dabaloo Gannaa, Filee Mandaraa, Dagaa Horoo faarsuunn gantoota akka Qadiidaa Wannabeefi Soorii Galaa qeequun dhaloonni goota malee gantuu akka hintaane barsiisu. Ilmaan Jaawii weerara kana dura jiruufi jireenya qananii jiraachaa akka turan, kabajaafi ulfina akka qabaniifii Abiisheen erga cabee olaantummaa siyaasaa dhabuu qofa osoo hintaane hawaasichi kabajaafi ulfina duraan qabu akka dhabe agarsiisa. Kanaafuu hawaasni Jaawwii Maccaa hiyyummaafi gadadoo keessaa ba’uuf, kabajaafi ulfina isaaf malu argachuuf, hariiroo hawaasummaa cimaa horachuuf olaantummaa siyaasaa Habashootaan irraa fudhatame deeffachuu akka qabu ragaalee geerarsaa kanarraa hubachuun danda’ameera.

Oromoon Jaawwii Maccaa maqaa araaraan habashootaan deddeebi’ee ganameera.  Kanaafuu, dogoggora seenaa kanarraa Oromoon dubbii gidduu isaa jiru jaarsummaafi gumaan fixachuudha malee horma duudhaa jaarsummaan araaramuu hinqabne waliin deddeebi’anii gowwoomuun barbaachisaa akka hintaaneergaa geerarsichaa akeekkachiisa. Argannoon qorannoo kanaa inni biroon maddi kufaatii Oromoon Jaawwii Maccaa  duudhaa isaa ganamaa dhiisuu, tokkummaa keessoo isaa laaffachuufi  alagaa waliin ta’uun walirratti duuluu waan ta’eef aadaafi duudhaa isaa ganamaatti deebi’uun, tokkummaa isaa cimsachuun olaantummaa siyaasaa muulqame deebifachuufi kan argate tikfachuu akka danda’u xiinxala qorannoo kanaarraa hubatameera.

Oromoon Jaawwii Maccaa gaaffiin afaan ofiin fayyadamuufi amantaa fedhan hordofuu deebi’us gaaffiin lafaafi ofiin of bulchuu ammas akka hindeebinetti amanu. Lafti qote bulaa maqaa investimantii jedhuun

fudhatamaa jiraachuufi gochi kun maqaa jijjiirratus gocha abbaa lafaa waliin akka wal fakkaatutu hubatame. Gaaffiin siyaasaa Oromoo Jaawwii Maccaa hindeebi'iin biroon gaaffii ofiin of bulchuu yoo ta'u; erga Gooticha Oromoo Abiishee Garbaa injifatamee bara bulchiinsa Dargii gurguddaan Horroo ba'ee nama isin bulchu filadhaa jedhamee Immiruu Ibsaa nama jedhamu filatee yeroo muraasa ittiin bulee as ilmaan Jaawwii nama isa bulchu ofii filatanii akka hinbeekneefi fedhii hoogganaa ofii ofiin filachuu akka barbaadan ragaalee geerarsaa xiinxalaman irraa hubachuun danda'ameera.

Dabalataanis Oromoon Jawwii Maccaa hawwiifi fedhii biyya isaa walaboomsuu, qe'ee isaa bulfachuu, barnoota ammayyaa barachuu, lafaafi qabeenya isaarratti abbaa ta'uun dinagdeedhaan of jijjiiree nagaafi tasgabbiin jiraachuu akka barbaadu xiinxala ragaalee qorannoo kanaarraa hubatameera.

**Wabiilee**


Addisu Tolosa. (1990). The Historical Transformation of The Folklore Genres: The Geerarsa as a National Literature of The Oromo In the Context of Amhara Colonization in the Ethiopia. (Mimeographed PhD Thesis). Bloomington: Indiana University.

Andrzejewski, B. W. (1985). Literature in African Languages: Theoretical Issues and Sample Surveys. Cambridge: Cambridge University Press.

Assefa Tefera. (2015). *Ethnography of Resistance Poetics: Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture. (*Unpublished PhD Dissertation). Bloomington: Indiana University.

Bukenya, A., Kabira, R. Okmbo, O. (1994). Understanding Oral Literature. Nairobi University Press.

Cerulli, E. (1922). The Folk-Literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia. Harvard African Studies III. Cambridge: The African Department of the Peabody Museum of Harvard University.

Cerulli, E. (1923). The Folk-Literature of the Oromo of Southern Abyssinia. Cambridge: The African Department of the Peabody Museum of Harvard University.

Claus, P. & Korom, J. (1991). Folkloristics and Indian folklore. Rrc Publications in International Folkloristics-1. Boston University.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folk life: An Introduction.* Chicago: The University of Chicago press.

Eshete Gemeda. (2008). African EgalitarianValues and Indigenous Genres: The Functional and Contextual Studies Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspective. Unpublished PhD Dissertation: Syddansk Universitet:

Finnegan, R. (1970**).** *Oral literature in Africa.* Oxford: Clarendon Press.

Finnegan, R. (2012). Oral literature in Africa: World oral literature series (Vol. 1). UK: Open. Cambridge: Open Book Publishers CIC Ltd. Retrieved o6/01/2013from http://creativecommons.org/licenses/by/3.0.

Mack, L. (2010). The philosophical underpinnings of educational research. Polyglossia, (Vol .19(1), 5.

Okpewho, I. (1992). African Oral Literature: Backgrounds, Character, and Continuity, Bloomington: Indiana University Press.

Peter, B. (2002): Folklife and Fieldwork. An Introduction to Field Techniques. Library of Congress. Publications of the American Folklife Center.

Sims, M. C. and Stephens, M. (2005). Living Folklore: An Introduction to theStudy of People and Their Traditions. Utah: Utah StateUniversity Press.

Sumner, C. (1996). *Oromo Wisdom Literature. (Vol. III) Folktales: Collection and Analysis*. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.

Wolcott, H. T. (1999). Ethnography: A way of Seeing. Walnut Creek, CA: AltaMira.